

_____ 1. Diimookiraasiin kallattii Dhaloota Kiristoos Dura jaarraa 5^{ffaa} keessa biyya kamitti jalqabame?

A .Chaayinaa durii

C. Hindii durii

B. Giriikii durii

D.Ingilizii durii

_____ 2. Kan armaan gadii keessaa aadaa diimookiraasii dagaagsuu keessatti bu'aa kan hinqabne isa kami?

A. Duudhaa walkabajuu cimsuu

C. Garaagarmmaa yaadaa balleessuu

B. Mirgaa fi diqama walqixa qooddachuu

D. Duudhaa waldanda'uu cimsuu

_____ 3. Akka heera mootummaa Itoophiyaa bara 1995tti, Saboonni, Sblammoonni fi Ummattoonni aangoo guutuu qabaachuun maali jedhamee beekama?

A. Ittigaafatamummaa bulchiinsaa

C. Olaantummaa Seeraa

B. Abbootiin seeraa aangoo seeraa olii qabaachuu

D. Olaantummaa Uummataa

_____ 4. Adeemsa Heerri Itoophiyaa bara 1995 raggaasifamuuf keessa dabre duraa duubaan isa kami?

A. Wixineessuu ➡ Fudhachuu ➡ Mar'achuu ➡ Raggaasisuu

B. Wixineessuu ➡ Mar'achuu ➡ Raggaasisuu ➡ Fudhachuu

C. Wixineessuu ➡ Mar'achuu ➡ Fudhachuu ➡ Raggaasisuu

D. Wixineessuu ➡ Fudhachuu ➡ Raggaasisuu ➡ Raggaasisuu

_____ 5. Akka heera Itoophiyaa bara 1995tti, Muummichi ministeeraa seera raawwachiisuuf aangoo olaanaa qaba. Haalli kun maaliif?

A. Dura bu'aa bulchiinsaa waan ta'eef

B. Dura bu'aa mootummaa waan ta'eef

C. Dura bu'aa qaama seera hiikuu waan ta'eef

D. Dura bu'aa mana maree federeeshinii waan ta'ee

_____ 6. Akka ilaalcha yeroo si'anaatti, jaalala biyyaa lammiin tokko qabu ibsuu keessatti **dogoggora** kan qabu isa kami?

A. Miira biyyoolessaa dagaagfachuu.

B. Dhaaba siyaasaa tokko qofaaf amanamuu.

C. Lammiilee biyya ofiitiif amanamuu.

D. Miira uummata addunyaa guddifachuu.

_____7. Kaayyoo imaammata biyya alaa Itoophiyaan yeroo ammaa hordoftu ilaachisee dogoggora kan ta'e isa kami?

- A. Biyyoota ollaa waliin hariiroo walgargaarsaa cimsuu.
- B. Birmadummaa fi kabaja biyyoolessaaf dursa kennuu danda'uu
- C. Dhimma biyyoota biroo keessaa seenuu fi gartummaa qabachuu.
- D. Fedhii biyyoolessaa Itoophiyaan qabdu galmaan gahuuf hojjechuu

_____8. Ati akka lammii gaarii tokkootti, lammiin jaalala biyyaa qabu tokko maal hojjechuu qaba jetta?

- A. Heeraa fi seera biyyaa kabajuu qaba
- B. Icciiitii maatii malee kan biyya isaa eeguu hinqabu
- C. Hiyyummaa jalaa of baasuuf cimee hojjechuun qaba
- D. Daangaa biyyasaa kabachiisuuf yoomiyyuu of-qopheessuu qaba

_____9. Akka heera Itoophiyaa bara 1995tti, deggarsa addaa dubartootaaf taasifamu keessatti kan hinramadamne isa kami?

- A. Dubartoonni daa'imman hedduu akka qabaatan jajjabeessuu
- B. Dubartoonni carraa barnoota akka argatan jajjabeessuu
- C. Dubartoonni qabeenyaa dhuunfaa akka horatan jajjabeessuu
- D. Dubartoonni aangoo bulchiinsaa akka qabatan jajjabeessuu

_____10. Itoophiyaan sadarkaa addunyaalessaatti kabajaa fi maqaa gaarii akka qabaattu kan taasise isa kami?

- A. Hiyyummaa xiqqeessuu danda'uu
- B. Malaanmaltummaa xiqqeessuu danda'uu
- C. Bulchiinsa gaarii hundeessuu danda'uu
- D. Birmadummaa ishee eeggachuu danda'uu

_____11. Olaantummaan seeraa maaliin ibsamuu danda'a?

- A. Seerri waan hunda yoo hoogganee fi to'ate.
- B. Bakka bu'oonni uummataa seera yoo kabajan
- C. Lammiileen seera yoo kabajan
- D. Hunduu deebii dha

_____12. Karaalee jaalalli biyyaa lammiin tokko qabu ittiin muldhatu keessaatti kan hinramdamne isa kami?

- A. Heera fi seeraa biyyaa kabajuu
- B. Faayidaa dhuunfaaf dursa kennuu
- C. Duudhaa biyyoolessaa kabajuu
- D. Faayidaa lammileef dursa kennuu

- _____ 13. Haala “addunyaa jabanaatiin” hundee jaalala biyyaa ta'uu kan **hindandeenye** isa kami?
- A. Mirgoonni dhala namaa walqixa kabajamuu
 - B. Wabii heeraa fi seeraa walqixa qabaachuu
 - C. Olaantummaa fi gad-aantummaan jiraachuu
 - D. Mootummaan uummata biratti amantaa qabaachuu
- _____ 14. Haqummaan akka dagaagaa adeemuuf, qaama itti gaafatamummaa fudhachuuf dirqama qabu isa kami?
- A. Namoota dhuunfaa
 - B. Bulchiinsa Mootummaa
 - C. Bakka bu'oota uummataa
 - D. Hunduu deebii dha.
- _____ 15. Amala lammii jaalala addunyaalessaa qabu tokkorraa kan **hin-eegamne** isa kami?
- A. Gocha gooltummaa hundeen balaaleffachuu
 - B. Dhala namaa hundaaf miira itti gaafatamummaa horachuu.
 - C. Addunyaan kun jireenyaaf mijaa'aa akka taatuuf hojjechuu
 - D. Bulchiinsa miti dimookiraatawaa biyya isaatiif amanamuu.
- _____ 16. Kan armaan gadii keessaa yaada rimee birmadummaa mootummaa tokkoo kan **hinibsine** isa kami?
- A. Mootummaan tokko aangoo guutuu qabaachuu
 - B. Mootummaan tokko walabummaa guutuu qabaachuu
 - C. Mootummaan tokko biyya biroo irratti hirkatee jiraachuu
 - D. Mootummaan tokko aangoo hinsarbamne qabaachuu
- _____ 17. Akka heera Itoophiyaa bara 1995tti, yaada rimee walqixummaa dinagdee sirrii ta'e kan agarsiisu isa kami?
- A. Lammileen Carraa qabeenya horachuu argachuu
 - B. Lammileen Qabeenya walqixa ta'e qabaachuu
 - C. Lammileen kaappitaala walqixa ta'e qabaachuu
 - D. Lammileen Kanfaltii walqixa ta'e argachuu
- _____ 18. Biyyoota diimookiraatawoo keessatti qajeelfamoota sirna diimookiraasii ta'uu kan hindandeenye isa kami?
- A. Olaantummaa seeraa
 - B. Olaantummaa bulchiinsaa
 - C. Iftoominaa fi ittigaafatamummaa
 - D. Garaagarummaa jiru kabajuu

- _____ 19. Akka haala qabatama yeroo ammaatti, jaalalli biyyaa Kan ibsuu hindandeenye isa kami?
- A. Miira ofittummaa dagaagfachuu C. Aadaa fi safuu hawaasaa kabajuu
B. Biyya ofiif Wareegamuu D. Ilaalcha biyyoolessaa qabaachuu
- _____ 20. Tooftaa walitti bu'insi karaa nagaa ta'een ittiin hiikamu keessaa, addeemsi mootummaan Itoophiyaa fi mootummaan Eritiraa waliin araara buusan isa kami jalatti ramadama?
- A. Maanguddummaa C. Waliigaltee
B. Seeraan araaramuu D. Jaarsummaa
- _____ 21. Biyyota diimookiraatawaa ta'an keessatti haqummaan dhabamuun miidhaan inni geessisuu danda'u maali fa'i?
- A. Nageenyaa fi tasgabii dhabamsiisa C. Walitti bu'iinsa akka xiqqaatu taasisa
B. Ijaarsa Diimookiraasii cimsa D. Misooma biyyaa saffisiisuu danda'a
- _____ 22. Akka heera MFDRI bara 1995tti, qaamni sadarkaa federaalaatti seeraa baasuuf aangoo qabu isa kami?
- A. Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataa C. Mana Maree Federeeshinii
B. Mana murtii waliigalaa federaalaa D. Mana Maree Ministeerotaa
- _____ 23. Hojii ilaalchisee yaadni dhugaa ta'e kami?
- A. Gocha bu'aa qabeessa waan faayidaa qabeessa uumuu danda'udha.
B. Bu'uura jireenya dhala namaati.
C. Gocha dhalli namaa dinagdee uumuuf taasisudha.
D. Hundi deebii ta'uu danda'a
- _____ 24. Adeemsa hojii umuu keessaa tokko ta'uu kan hinqabne kami?
- A. Mataa ofiitiin yaaduu fi yaada namoota biroo dhaggeeffachuu.
B. Maal hojjechuu akka qabnu fi dandeettii hojicha irratti qabnuu xiinxaluu
C. Aarsaa waan qabuuf sodaa baay'isuun gaariidha
D. Karoorsuun barbaachisaadha.
- _____ 25. Hariiroo hojii fi yeroo ilaalchisee soba kan ta'e kami?

- A. Hojiin yeroo irratti hundaa'a
- B. Hojii fi yeroon hariiroo hinqaban
- C. Namni kamiyyuu yeroo walqixa yooqabaatu garaagarummaan akkaataa itti fayyadaminsaati
- D. Yeroo gamnummaan itti fayyadamnaan bu'aa qabeessa ta'uun nidanda'ama.

_____ 26. Faayidaa hojii waliin kan walhinsimne kami?

- A. Hojiin fedhii dhala namaa guuta.
- B. Hojiin abbaa fayyada malee hawaasaaf bu'aa inni kennu xiqqaadha
- C. Ofitti amanamummaa jajjabeessa
- D. Meeshaa guddina biyyaati

_____ 27. Kanneen armaan gadii keessaa tokko aadaa hojii cimaa jalatti hinramadamu?

- A. Kaka'umsa qabaachuu
- B. Aadaa gamtaan hojjechuu hambisuu
- C. Amanamummaa qabaachuu
- D. Yeroo hojii kabajuu

_____ 28. Guyyaa lagu baay'isuun yeroo hojii qisaasessuun rakkoo maal waliin walqabatudha?

- A. Aadaa
- B. Dinagdee
- C. Hawaasummaa
- D. Siyaasa

_____ 29. Kanneen armaan gadii keessaa tokko etiksii ogummaa jajjabeessuu keessatti gahee guddaa kanhinqabne kami?

- A. Ogeessi tokko seera etiksii ogummaawwan hundaa akka beeku dirqamsiisuu
- B. Seera etiksii jajjabeessuun ogeeyyiin akka hordofan taasisuu
- C. Qajeelfama etikawaa ifa ta'e kennuu.
- D. Barumsa kennuu.

_____ 30. Of danda'uu ilaalchisee kan dhugaa hintaane kami?

- A. Ofitti amanamummaa ofkeessaa qaba
- B. Waan humnaa ol ta'e qofa irratti deeggarsa barbaaduudha.
- C. Hariiroo qaama biraa waliin qaban addaan kutuudha
- D. Jireenya mataa ofii ofiin gaggeessuudha

_____ 31. Amala hirkattummaa kan ta'e kami?

- A. Rakkoo battalaa irratti xiyyeeffachuu
- B. Waa'ee hirmaannaa hawaasummaa irratti hirmaachuuf gahuumsa qabaachuu
- C. Dhimma biyoolessaa keessatti hirmaachuuf gahuumsa qabaachuu
- D. Karooraa fi sagantaa yeroo dheeraa baafachuun hojii irra oolchuu

_____ 32. Ofitti amanamummaa gabbifachuu keessatti gahee kan hinqabne kami?

- A. Jireenya ofiif itti gaafatamummaa fudhachuu.
- B. Waan hojjetan irraa barachuu.
- C. Cimina qabaniin warra kaan gargaaruu.
- D. Deebiin hinkennamne

_____ 33. Dhiibbaa alaa ta'ee ofitti amanamummaa namoota umurii dargaggummaa irratti
argaman kan miidhuu danda'u kami?

- A. Hiriyyaa
- B. Haala guddisa Maatii
- C. Sabqunnamtii
- D. Hundi deebiidha

_____ 34. Dhiibbaa alaa ofitti amanamummaa namootaa irratti miidhaa geesisan of irraa ittisuuf
tooftaalee ta'an keessaa tokko kan hintaane kami?

- A. Karoora qabaachuu
- B. Murtoo ofii kabajuu
- C. Waanuma hunda tole jedhanii fudhachuu
- D. Yaada filannoo biraa ta'uu danda'u dhiyeessuu

_____ 35. Aadaa qusannaa guddifachuuf maal irratti hojjetamuu qaba?

- A. Galii
- B. Basii dhaabbataa
- C. Baasii jijjiiramaa
- D. Hunda irratti

_____ 36. Qabeenya qabnu irratti yeroo karoorfannu wantoonni eegamuu qaban keessaa tokko
miti?

- A. Wanti karoorfamu galii jiru irratti ta'uu qaba.
- B. Baasii dhaabbataatiif dursa kennuun barbaachisaadha
- C. Baasii jijjiiramaatiif karoorsuun hinbarbaachisu
- D. Baasii jijjiiramaan akkuma barbaachisummaa isaatti walduraa duuba eeguun karoorsuudha

_____ 37. Miidhaa aadaa qusannaa dhabuu irraa dhufu ilaalchisee dhugaa kan hintaane kami?

- A. Dandeettii fedha guuttachuu balleessa
- B. Nama dhuunfaa irratti malee dhiibbaa mootummaa irratti hinqabu.
- C. Ofittiamanamummaa dadhabsiisa.
- D. Dandeettii hiyyummaa keessaa bahuu dadhabsiisa

_____ 38. Wantoota hirmaannaa ummataa irratti dhiibbaa fidan keessaa tokko kan ta'e kami?

- A. Fedhii dhuunfaa
- B. Haala naannoo
- C. Sadarkaa barnootaa
- D. Hundi deebiidha

_____ 39. Ga'eewwan miidiyaan dimokiraatawaan qabu keessaa tokko kan hintaane kami?

- A. Waa'ee dhimma uummataa irratti odeeffannoo gahaa kenna
- B. Yaada ummataa fi bulchiinsaa walqunnamsiisa
- C. Fedhii dhuunfaa gabaastotaa irratti hundaa'a
- D. Ummata kakaasuun hirmaannaa isaanii jajjabeessa.

_____ 40. Kanneen armaan gadii keessaa tokko dhaabbilee sivikii keessatti hin hammatamu?

- A. Dhaabbilee siyaasaa
- B. Waldaa barsiisotaa
- C. Dhaabbata daa'imman baraarii
- D. Waldaa Ogeeyyii fayyaa

_____ 41. Qaamoleen beekumsa, humna, maallaqa fi qabeenya isaanii otuu kaffaltii hingaafatiin tajaajila hawaasaaf olchan maal jedhamu?

- A. Mootummaa
- B. Dhaabbilee siyaasaa
- C. Fedhaan of kennitoota
- D. Daldaltoota

_____ 42. Sirna dimokiraatawaa keessatti dhaabbileen otuu bulchiinsa keesa hinseeniin imaammata yookiin gocha bulchiinsaa irratti dhiibbaa taasisuuf hundeeffaman maal jedhamu?

- A. Dhaabbilee siyaasa
- B. Goolii umtota
- C. Garee dhiibbaa
- D. Riphee loltoota

_____ 43. Adeemsa filannoo keessatti kan hinhammatamne kami?

- A. Naannoo filannoo daangessuu
- B. Duula nafiladhaa gaggeessuu
- C. Filattoota galmeessuu
- D. Deebii hinqabu

_____ 44. Namoota beekumsa isaaniiitiin rakkoolee addunyaa bu'uuraa furuun beekaman
keessaa tokko kan hintaane kami?

- A. Isaaq Niwuuten C. Oliver Raayit fi Wilver Raayit
B. Jems Waatt D. Deebiin hinkennamne

_____ 45. Madda beekumsaa kan ta'e kami?

- A. Daawwannaa
B. Sab qunnamtii elektirooniksii
C. Sab qunnamtii maxxansaa
D. Hundi deebiidha

Kutaa Barnoota Seenaa

_____ 46. Teessoon Mootummaa Zaaguwee eessa ture?

- A. Naannoo Walloo bakka Hayiq jedhamu
B. Kaaba Shawaa naannoo Manzi, Bulgaa fi Tagulat
C. Naannoo Bugnaa bakka Adaafaa jedhamu
D. Handhuura Shawaa naannoo Furi, Yerer, Wacacaa

_____ 47. Sirna gadaa bulchiinsa Uummata Oromoo ilaalchisee kamtu **dhugaadha**?

- A. Sirni gadaa bulchiinsa hawaas-dinagdee ummata Oromoodha.
B. Jireenyi uummata Oromoo akkaataa seera gadaatiin qajeelfama
C. Seerri sirna gadaa bu'uura jireenya uummata Oromooti
D. Hundinuu deebiidha

_____ 48. Waliigaltee Wucaalee bara 1889 Itoophiyaafi Xaaliyaanii gidduutti mallatteeffameen
Eertiraan Kolonii Xaaliyaanii akka taate keeyyatni ibsu kami?

- A. Keeyyata (17) B. Keeyyata (3) C. Keeyyata (20) D. hundinuu deebiidha.

_____ 49. Haayila Sillaaseen bara 1930 akkuma aangoo guutuu biyyatti dhuunfateen
mootummaa giddu galeessa cimsuuf maal raawwate?

- A. Heera bara 1931 qopheesse C. Bulchiinsa naannoo bifa haaraan qindeessu
B. Humna waraana isaa cimse D. Hundinuu deebiidha

- _____ 50. Mootolee Gondor armaan gadii ilaalchisee **tartiibni** duraa-boodaa sirrii kami?
A. Faasiladas-YohaannisI-IyyaasuulI-Bakkaafaa-IyyaasuI-Iyyo'aas
B. Faasiladas-YohaannisI-IyyaasuulI-IyyaasuII-Bakkaafaa-Iyyo'aas
C. Faasiladas-YohaannisI-IyyaasuulI-Bakkaafaa-IyyaasuII-Iyyo'aas
D. Faasiladas-YohaannisI-IyyaasuulI-IyyaasuII- Iyyo'aas-Bakkaafaa
- _____ 51. Hariiroo Itiyoo-Ameerikaa keessatti "**Waliigaltee Qabxii Afurii**" kan ta'e kami?;
A. Dhimma barnootaa, faayya fi qonnaa irratti walii hojjachuu ,
B. Ameerikaa keessatti lammiiileen Itoophiyaa carraa barnoota akka argata ,
C. Bulchiinsa Itoophiyasa cimsuuf deeggarsa leenjii gochuu
D. Hundinuu Deebiidha.
- _____ 52. Kanneen armaan gadii keessaa hoogganaan fincila qotee bulaa Baalee eenyu?
A. Waaqoo Guutuu B. Roobaa Daadhii C. Tufaa Muunaa D. Gabayyoo Gurmuu
- _____ 53. Gootota armaan gadii keessa kan Bichaanaa (Gojjaam) keessatti aangootti deebi'uu
Mootii H/Sillaasee mormaa ture eenyu?
A. Bilata T/Hawariyaat C. H/Mariyaam Raddaa
B. Nagaash Bazabih D. Balaay Zallaqaa
- _____ 54. Kanneen armaan gadii keessaa tokko mootummota Aksumiin duraa **miti**.
A. Yehaa B. Kolowee C. Zaaguwee D. Puunti
- _____ 55. Manni Amantii /bataskaanonni (11) dhagaa tokko irraa hojjetaman kan Lalibeelaatti
argaman bara kam hojjeetame?
A. Bara Mootummaa Zaaguwee C. Bara Zemana Mesafint
B. Bara Mootummaa Aksum D. Bara Gondor
- _____ 56. Mootota armaan gadii keessaa tokko mootii Aksum miti?
A. Dilna'ood B. Izaanaa C. Yitibaraak D. Kaleeb
- _____ 57. Uummatni naannoo gaanfa Afrikaa jiraatan maaliin walfakkatu?
A. Aadaan baayee walfakkatu
B. Amantii hordofan baayee wal-fakkata
C. Afaan isaan dubbatan baayee wal-fakkaata
D. Hundinuu Deebiidha

- _____ 58. Kanneen armaan gadii keessaa kan sirriitti walitti firoome kami?
A. Zeyilaa buufata doonii mootummaa Zaaguwee turte
B. Aduulis buufata doonii mootummaa Aksum turte
C. Zeyilaa buufata doonii mootummaa Zaaguwee turte
D. Hundinuu Deebiidha.
- _____ 59. Amala siyaasa Itoophiyaa bara g/galeessa ilaalchisee kamsu soba?
A. Teessoon siyaasaa dhaabbataa jiraachuu
B. Daangaa baballifannaa
C. Walitti bu'iinsa Kiristaanaa fi Islaama
D. Sochii guddaa baballifannaa uummata Oromoo
- _____ 60. Gootota Oromoo armaan gadii keessaa kan waraana Adowaa 1896 irratti hirmate kami?
A. Fitawuraari Gabayyoo Gurmuu
B. Habte Giyoorgis Dinagdee
C. Balchaa Saafoo
D. Hundinuu Deebiidha.
- _____ 61. Bara waraana Mootummaa Kiristaanaa fi Adal biyyoonni alaa dhimma amantii fi dinagdee isaanii waraanicha keessatti hirmaatan kami?
A. Faraansayii fi Ingiliz
B. Poorchugalii fi Ispeen
C. Poorchugalii fi Ottoman Turkii
D. Jarmanii fi Xaaliyaanii
- _____ 62. Mootiin Kiristaanaa bara 1855-1868tti bulche Itoophiyaa tokkummeessuuf yaale;
A. Tewodros II
B. Yohaannis IV
C. Atse Tekle Giyoorgis
D. Minilik II
- _____ 63. Sirna jireenya hawaasa uummataa Oromoo hunda kan hoggannuu;
A. Sirna Gadaa
B. Sirna Moggaasaa
C. Sirna Siinqee
D. Sirna Buttaa
- _____ 64. Sababni Kufaatii Tewodros II Maal ture?
A. Mormii mana amantii
B. Waldhabdee mootummaa Ingiliz waliin ture
C. Fincila mootolee naannoo
D. Hundinuu Deebiidha

- _____ 65. Kanneen armaan gadii keessaa tokko mootolee shanan Gibee mit.
A. Jimma B. Limmuu-Eennariyaa C. Geeraa D. Leeqa
- _____ 66. Uummatota aramaan gadii keessaa hortee kush kan hin taane kami?
A. Beejjaa B. Oromoo C. Sidaamaa D. Guraagee
- _____ 67. Sirna Gadaa uummata Oromoo ilaalchisee sirrii kan ta'e kami?
A. Barri bulchiinsa Gadaa tokko turti waggaa 40 qaba.
B. Waa'ee dhimma siyaasaa qofaaf kan tajaajiludha
C. Mootummaa Abbaa Irreen kan bakka bu'u dha
D. Sirna hoggansa siyaasaa dimokiraatawaa ta'e dha.
- _____ 68. Seenaa Itoophiyaa keessatti barri *Zamana Masaafinti* maalin beekama;
A. Bara nagaa fi badhaadhinaati.
B. Bara mootummaan giddu-galeessaa cimaa turedha.
C. Bara qondaaloota waraanaa fi *dajjaazmaachoota* ciccimooti.
D. Bara waldanda'u amantiitin beekamudha
- _____ 69. Sirna gadaa keessatti umuriin waggaa 40-48 bara kami?
A. Dabballee B. Gammee C. Lubummaa D. Qondaala
- _____ 70. Hoogganaan Impaayera Maandinka Faransaay mormaa turee eenyu?
A. Ahmaaduu Seekuu C. Saamorii Turee
B. Uraabii Paashaa D. Maarkuus Gaarvee
- _____ 71. Yeroo walgahii Barliin kamtu kaayyoo Bismaark dhokataa ture?
A. Biyyoota Afrikaa daangeessuu
B. Dhimma biyya Koongoo murteessuu
C. Afrikaan qabamtee osoo hin dhumiin qoodachuu
D. Karaa nageenyaatiin hooggantoota Afrikaa hawwachuu
- _____ 72. Biyyoota armaan gadii keessaa kolonii Ingiliiz kan hin taane kami?
A. Gaanaa B. Naayijeeriyaa C. Aljeeriyaa D. Gaambiyaa
- _____ 73. Sababa biyyoonni Awurooppaa Afrikaa qabachuuf wal-dorgomaa turan kan hin taane kami?
A. Bakka gabaa argachuuf C. Mi'a dheedhii argachuuf
B. Koloneeffachuuf D. Qaroomsuuf

- ___ 74. Hoogganaan Impaayera Tokuloor Faransaayin mormaa ture eenyu ture?
A. Uraabii Paashaa C. Saamorii Turee
B. Ahmaaduu Seekuu D. Raabin Ibin Fadil Allaa
- ___ 75. Naannoolee Afrikaa bara 1880moota dura alagaan qabaman keessaa Seenegal eenyuun qabamte?
A. Ottomaan Turkii B. Faransaay C. Araboota D. Dachi/Boers
- ___ 76. Taatewwan armaan gadii kan sirriitti waliitti firoomme kami?
A. Tel-El Kabir, Misir C. Omdurman, Sudaan
B. Mizru'ii, Keeniyaa D. Hundinuu Deebiidha.
- ___ 77. Konfiraansiin Paan-Afrikaa inni 5ffaa eessatti geeggeffame?
A. London B. Biraaseelsi C. Niwu Yoorki D. Maanchester
- ___ 78. Miidhaa waraanni addunyaa 1ffaa karaa hawaasummaa Afrikaa irraan ga'e kami?
A. Faraansay loltoota 150,000 Afrikaarra gara Awurooppaatti geessitetti
B. Ingiliz loltoota 50,000 dhiha Afrikaa irraa gara baha Afrikaa geessitetti
C. Uummanni baayeen dhukkuba, beelaan du'aniiru
D. Hundinuu Deebiidha
- ___ 79. Dhaabbata qabsoo biyya Tuuniziyaa kan ta'e kami?
A. Waafdi B. "The Muslim Brothers hood" C. Niyoodaastur D. "Riif"
- ___ 80. Dhaabbata "Universal Negro Improvement" kan hundeesse eenyu?
A. H. Siylvastar Wiliyaam C. Dr. Du Booyis
B. B. Markuus Garvee D. Kiwaamee Nikirhumaa
- ___ 81. Dhaabbanni qabsoo Gaanaa Keessatti hooggantoota amantii fi warra barataniin hundeeffame;
A. Waafdi B. "The Muslim Brothers hood" C. Niyoodaastur D. Aborigines
- ___ 82. Yeroo waraana Addunyaa 1ffaa Koloniin Jarman Afrikaa keessaa garee walta'aniin qabamte kami?
A. Toogoo, Kaamerun, Taanzaniyaa, Namibiyaa, Ruwaandaa fi Burundii
B. Keeniyaa, Seeraliyoon, Naayijeriyaa, Chaad fi Tuniziyaa
C. Gaanaa, Giinii, Ugaandaa, Aljeeriyaa fi Morookoo
D. Malawwii, Zimbabwee, Zambiyaa fi Jibuutii,

- ____ 83. Aadaa ofii kabajuu fi gurrachummaa ofitti boonuun maal jedhama?
A. Paan-Afrikanizimii C. Impeeriyaalizimii
B. Nigituudi D. Niyoo- Koloniyaalizimii
- ____ 84. Naannoowwan armaan gadii keessaa kan mormii cimaan booda MinilikIIIn qabamte kami?
A. Arsii B. Harar C. Walayittaa D. Hundinuu Deebiidha
- ____ 85. Dhabbatni Xumura Waraana Addunyaa 1ffaa booda bara 1920 nagaa fi tasgabbi addunyaa eeguuf hundeeffame kami?
A. Liigii Mootummoota Addunyaa C. Paan-Afrikanizimii
B. Dhaabbata Mootummoota Walta'anii D. Nigituudi
- ____ 86. Dirreen Waraana El-Alaamin bara 1942 maal ture?
A. Bakka humni waraanaa Ingilizi lixa Misir keessatti Xaaliyaanii fi Jarman itti rukkute
B. Bakka humnoonni waraanaa Xaaliyaanii fi Jarman lixa Misir keessatti Ingilizin rukkute
C. Bakka Misir Ingilizi injifachuun bilisummaa ishee itti argatte
D. Bakka Xaaliyaanin Misirin waraantee itti mo'atte
- ____ 87. Buufatni doonii Poorchugaal qarqara dhiha Afrikatti bara 1470 hundeeffame kami?
A. Raavaskoo B. Lawureensoo C. Biraavaa D. Elminaa
- ____ 88. Miidhaa daldalli garbaa Afrikaa irraan gahe maali?
A. Lakkoofsa uummata Afrikaa xiqqeesse.
B. Dinagdee Afrikaa gufachiisee.
C. Maatii Afrikaanotaa diige.
D. Hundinuu Deebiidha
- ____ 89. Hayyoota armaan gadii keessaa abbaa Seenaa jedhamuun kan beekamu eenyu?
A. Heroodotaas C. Firedriik Lugaard
B. Seesil Roodes D. David Livingsoon
- ____ 90. Tokkummaan Jarman kan argamu “*Dhiigaa fi Sibiila*” qofaan kan jedhe eenyu?
A. Voon Moolteek B. Bismaark C. Hitleer D. Mossuloni
- ____ 91. Qaroomni gidduu Laggeen “*Ifraaxiisii fi Taayigiriis*”tti dagaagee ture kami?
A. Chaayinaa B. Mesopotamiyaa C. Roomaa D. Hindii
- ____ 92. Bu'aa qarooma Misir kan ta'e kami?
A. Bulchiinsa tasgaba'aa hundeessuu C. Ijaarsa Piraamidii
B. Sirna barreessuu Heroogilifiksii D. Hundinuu Deebiidha

- ___ 93. Kaayyoon duula qaxxaamuraa Xumura Jaarraa 11ffaatti eegale maali?
- A. Filisxeem lafa qulqullooftuu Musilimoota harkaa baasuuf,
 - B. Qarooma bifa haaraan geggeessuu
 - C. Daldala garbaa balleessuu
 - D. Daandii daldalaa beekamoo qabachuu
- ___ 94. Kanneen armaan gadii keessaa kamtuu sirriitti walitti hin firoomne?
- A. Reneesaansi- Xaaliyaanii.
 - C. Konfiyushiyaaniizimii-Jaappan
 - B. Riformeeshinii-Jarmanii
 - D. Inlaayitenmentii-Faransaay
- ___ 95. Seera bu'uuraa labsii bilisummaa Ameerikaa bara 1776 kan hin taane isaa kami?
- A. Aangoon bulchiinsa kan ummataa ta'u
 - B. Namni hundi mirga uumamaa walqixxa qaba
 - C. Mootummaan ala namni kamiyyuu mirga namummaa sarbu hin danda'uu
 - D. Ummanni bulchiinsa aangoorraa buusuu danda'aa
- ___ 96. Waraana Seedaan Fulbaana 2,1870 ilaalchisee kamtuu sirriidha?
- A. Jarman injifannoo argatte
 - B. Naappooliyoon 3ffaani mo'atame
 - C. Xaaliyaaniin Injifannoo argatte
 - D. Faransaay injifannoo argatte

KUTAA : Qabiiyyee Barnoota Fedhii Addaa

- ___ 97. Kan armaan gadii keessaa yeroo sababoonni fedhii addaa itti uumamuu **hin** dandeenye isa kamidha?
- A. Dhalootaan dura
 - B. Dhalootaan booda
 - C. Yeroon itti uumamu hin jiru
 - D. Yeroo dhalootaa
- ___ 98. Mana barumsa hiriyyaa irraa qoodu maatii fi hawaasa irraa **hin** qoodne kami?
- A. Mana barumsa addaa ykn Dhaabbataa addaa
 - B. Mana barumsa addaa guyyaa guyyaa
 - C. Mana barumsa idlee
 - D. Kutaa adda
 - E.

- _____ 99. Kanneen armaan gadii keessa kamtu addaa?
- A. Walitti madaqsuu
 - B. Wal-fudhachiisuu
 - C. Kophaatti baasuu
 - D. Barnoota Hunda Hammattoo
- _____ 100. Yaad-rimee Barnoota Fedhii Addaa ilaalchisee sirrii kan **hin** taane kami?
- A. Barnoonni Fedhii Addaa ogummaadha
 - B. Barnoonni Fedhii Addaa barnoota qaama miidhamtootaati
 - C. Barnoonni Fedhii Addaa tajaajila barnootaati
 - D. Hundi deebii dha
- _____ 101. Yuunitiin sadarkaan dhageettii gurraa sagalee ittiin safaramu maal jedhama?
- A. Deesiibeelii
 - B. Odiyoo meetirii
 - C. Odiyooloojiiistii
 - D. Isnellen chaartii
- _____ 102. Kan armaan gadii keessaa Barnoota Fedhii Addaa irraa kan **hin** fayyadamne kami?
- A. Ogeeyyii fayyaa
 - B. Barsiisota Barnoota Fedhii Addaa
 - C. Kan irraa fayyadamu hinjiru
 - D. Konkolaachistoota
- _____ 103. Kanneen armaan gadii keessaa tokko ramaddii **gosoota** Sal'eessa Sammuu hundaaf **hin** tajaajilu
- A. Kutaa addaa
 - B. Daree idilee
 - C. Mana barumsa addaa
 - D. Dhaabbataa addaa

_____104. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu daa'imman Sal'eessa Sammuu qaban
sakatta'uuf kan **hin** gargaare kami?

- A. Ogummaa hojii
- B. Odiyoo meetirii
- C. Ogummaa qunnamtii
- D. Ogummaa barachuu

_____105. Aadaa durii keessatti akka madda miidhamaatti ilaalamaa kan **hin** ture isa
kami?

- A. Eebbaa fi arjoomuu
- B. Gochaa gaarii hin taane
- C. Jinnii/hafuura xuraawaa
- D. Abbaarsaa fi cubbuu

_____106. Miidhama nama qunname tokko xinneessuu ykn caalaatti akka **hin** guddanne
taasisuu gocha kami?

- A. Ittisa 1^{ffaa}
- B. Ittisa 2^{ffaa}
- C. Ittisa 3^{ffaa}
- D. B fi C deebii dha

_____107. Kanneen armaan gadii keessaa tokko sababoota dadhaabbii fidan keessaa
qabatoota naannoo kan **hin** taane kami?

- A. Faalama qilleensaa
- B. Balaa yeroo dhalootaa
- C. Dhibee dhaal-sanyii
- D. Balaa dhalootaan boodaa

_____108. Daa'immaan fedhii addaa garee garaagarummaa dandeettii sammuu qaban
jalatti kan **hin** ramadamne kami?

- A. Saal'eessa Sammuu
- B. Kennaa Adda fi Dandeetti Olaanaa
- C. Rakkoo Baraachuu
- D. Deebii hin qabu

_____109. Kanneen armaan gadii keessaa tokko Daa'ima Miidhama ifaafi mul'ataa ta'e qabu **miti**?

- A. Daa'ima Rakkoo Qunnamtii Duubbii qabu.
- B. Daa'ima Dhiibaa Aadaafi Naannoo qabu
- C. Daa'ima Miidhama Dhageetti qabu
- D. Daa'ima Miidhama Qaamaafi Fayyaa qabu

_____110. Kanneen armaan gadii keessaa waa'ee faayidaa gabaabsituuwwan ilaalchisee dhugaa kan **hin** taane isa kami?

- A. Waraqaa qisaasessuu
- B. Yeroo qusachuuf
- C. Saffisaan dubbisuu
- D. Saffisaan barreessuu

_____111. Waa'ee Bireeliin barreessuu fi dubbisuu ilaalchisee kanneen armaan gadii keessaa kamtu **dhugaa** dha?

- A. Isleetii fi istaayilasiin yommuu barreessinu mirgaa gara bitaatti barreessina.
- B. Waraqaa Bireelii yommuu isleetii keessaa baafnu mirgaa gara bitaatti dubbisna.
- C. Waraqaa Bireelii yommuu isleetii keessaa baafnu bitaa gara mirgaatti dubbifna
- D. A fi B'n deebii dha.

_____112. Waa'ee mallattoolee jechaa salphaa irra keessaa ilaalchisee kamtu **sirrii** dha?

- A. Yeroo mara jecha bakka bu'uu danda'u.
- B. Hima ykn barreeffama keessatti malee jecha bakka bu'uu hin dandaa'an
- C. Seelii Bireelii tokko qofa keessatti barreeffamu
- D. B fi C'n deebii sirrii dha.

_____113. Meeshaan Bireeliin barreessuuf akka qalamaatti ykn qubeessaatti fayyadu isa kami?

- A. Imboosara
- B. Istaayileesii
- C. Isleetii
- D. Abakasii

_____ 114. Kan armaan gadii keessaa garee daa'imman miidhama qaam- miiraa qaban kan ta'an:

- A. Miidhama qaroo fi dhageettii
- B. Sal'eessa sammuu fi miidhama narvii
- C. Kennaa adda fi dandeetti olaanaa
- D. Rakkoo amalaa fi curriisaa

_____ 115. Kaneen armaan gadii keessaa sababoota fedhii addaa beekuun kan **hin** fayyadne eenyuuf?

- A. Daa'immaan fedhii addaa qabaniif
- B. Maatiif/Hawaasaaf
- C. Eenyuufuu hinfayyadu
- D. Barsiisota fedhii addaaf

_____ 116. Kanneen armaan gadii keessa tokko irraa kan hafe, miidhamni qaamaa qabatamaan irraa **hin** mul'atu:

- A. Daa'imman kennaa addaa fi dandeettii olaanaa qaban
- B. Daa'imman dadhabbii barachuu qaban
- C. Daa'imman Sal'eessa sammuu qaban
- D. Daa'imman rakkoo amalaa fi curriisaa qaban

_____ 117. Kanneen armaan gadii keessaa faayidaa Barnootaa Hunda Hammattoo kan ta'e kami?

- A. Qulqullina barnootaa mirkaaneessuu shoora ol-aanaa kan taphatudha
- B. Irra deebii fi harcaatii barattootaa hambisuu/tiqqeessuu
- C. Daa'imman hundi carraa barnoota akka argatan taasisuu
- D. Hundi deebii dha

_____ 118. Yeroo ammaa qulqullina barnoota mirkaaneessuuf qormaata guddaa kan ta'e kami?

- A. Hubannoo fi xiyyeeffannoon daa'imman fedhii addaa qabaniif kenname laafaa ta'uu
- B. Hanqinni ogeeyyii Barnoota Fedhii Addaa daa'imman miidhama qaamaa qaban barsiisan bal'inaan jiraachuu
- C. Hubannoo sadarkaa sadarkaan hojiirra oolmaa Barnootaa Fedhii Addaa fi Hunda Hammattoo irratti jiru laafaa ta'uu
- D. Hundi deebii dha

_____ 119. Seer-luga gabaabsituuwwanii ilaalchisee kamtu **soba**?

- A. Gabaabsituun lama jecha tokko keessa yoo jiraate yeroo mara isa tokko qofa fayyadamna.
- B. Gabaabsituun lama birsaga tokko keessa yoo jiraatan isa seelii muraasa keessatti barreeffamuu danda'u filanna.
- C. Yeroo baay'ee gabaabsituuwwan irra keessaa kanneen gadii caalaa filatamoo dha.
- D. B fi C'n deebii sirrii dha.

_____ 120. Waa'ee kalaqa Luuwis Bireelii fi Chaarles Baarbeer ilaalchisee kamtu **sirrii** dha?

- A. Kalaqni Chaarles Baarbeer rakkoo qaroo dhabeeyyii furuuf miti.
- B. Kalaqni Luwiis Bireel rakkoo qaroo dhabeeyyii kan furee dha
- C. Bireeliin Chaarles Baarbeer baay'ee wal-xaxaa ture
- D. Hunduu deebii dha.

_____ 121. Waa'ee Bireelii ilaalchisee kanneen armaan gadii keessaa yaadni **dhugaa** ta'e isa kami?

- A. Bireeliin qindoomina sirna tuqaaleeti.
- B. Seeliin Bireelii tokko tuqaalee jaha of- keessaa qaba.
- C. Bireeliitti kan fayyadamu qarodhabeessa qofa.
- D. A fi B'n deebii sirriidha.

_____ 122. Aflattoo keessatti jecha tokko guutuu taasisuuf maal maaltu barbaachisa?

- A. Bocha harkaa sirrii
- B. Kallattii harkaa ykn qubaa sirrii
- C. Sochii hidhii
- D. Hunduu deebii sirrii dha.

_____ 123. Aflattoon daabboo, cabsuu fi kophee maaliin wal-fakkaatu?

- A. Kallattiin

B. Sochii hidhiin

C. Boocaan

D. Hiikaan

_____124. Seer-luga Aflattoo ilaalchisee kamtu **soba**?

A. Sochiin hidhii shoora olaanaa qaba.

B. Kallattiin qubaa ykn harkaa akka barbaade yoo ta'e hiika hin jijjiiru.

C. Jijjiiramni booca harkaa ykn qubaa jijjiirama hiikaa ni fida.

D. A fi B'n deebii sirrii dha.

_____125. Akka yaad-rimee Barnoota Fedhii Addaatti hirmannaa aadaa fi hawaasaa keessaa dhabuun _____jedhama.

A. Hanqina

B. Miidhama

C. Dadhabbii

D. Hunduu deebiidha

_____126. Kanneen armaan gadii keessa Bara Babal'ina Amantii yeroo namoonni miidhama qaamaa qaban lubbuun jiraachuutti ce'an imammata yeroo sanaa kan **hin** ture isa kami?

A. Ija namaa jalaa maaksuu

B. Akka wal hin horre gochuu

C. Sirna barnoota lammii hundaaf bocame kennu

D. Sirna barnoota addatti isaaniif bocame kennu

_____127. Kanneen armaan gadii keessaa daa'imman rakkoo amalaa fi currisaa qaban irraa kan **hin** mul'anne kami?

A. Sodaa

B. Waan xiqqoon dallanuu

C. Hiriyoota horachuu

D. Tasgabbii dhabuu

_____128. Nama dhaloota isaatii eegalee qaroo dhabeessa ta'e tokko yaad rimee beekuufi barachuu irratti kan isa **rakkisu** kami?

A. Halluu

B. Irra guddaa

C. Geengoo

D. Hunduu deebii dha

_____129. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu hanga sadarkaa olaanaatti barachuuf caalaatti rakkisaa?

A. Daa'immaan sal'eessaa sammuu qaban

B. Daa'immaan miidhama qaroo qaban

C. Daa'imman miidhama dhageettii qaban

D. Daa'imman kennaa addaa fi dandeettii olaanaa qaban

_____130. Babal'iinafi guddina Barnoota Fedhii Addaa sadarkaa amma irra jiruuf bu'uura kan ta'e kami?

A. Labsii Mirga Dhala Namaa

B. Konveekshinii Mirga Daa'immanii

C. Murtoo Konfraansii Barnoota Salamaankaa

D. Hundi deebii dha

_____131. Kanneen armaan gadii keessaa tokko fayyidaa Barnoota Fedhii Addaa **miti**:

A. Hariiroo namoota miidhama qamaa qabanii fi miidhama qaamaa hin qabne ni cimsa.

B. Namoota miidhamafi fedhii addaa qabaniif faayidaa guddaa qaba

C. Maatii fi hawaasaaf faayidaa hin qabu

D. "Barnoota Qulqullina qabu Lammii Hundaaf" jedhu galmaan gahuuf fayidaa guddaa qaba.

_____132. Kanneen arman gadii keessaa daa'imman sal'eessaa sammuu qaban irraa rakkoo yaad-sammuu mul'atu kami?

A. Wantoota gargaar baasuu danda'uu

B. Rakkoo xiyyeffannoo qabaachuu

C. Rakkoo beekumsa walitti fiduu qabaachuu

D. Hir'ina waa yaaduu qabaachuu

_____ 133. Warreen armaan gadii keessaa haala rakkoo daa'imman amalaa fi currisaa qabanii
ibsuuf xiyyeeffatamuu kan qabu isa kami?

A. Irra deddeebbii isaa

B. Yeroon turtii xiyyeeffannaa hin barbaachiisu

C. Hanga ykn cimina isaa

D. Turtii yeroo isaa

_____ 134. Himoota armaan gadii keessaa amaloota barattoota kennaa addaa fi dandeettii
olaanaa qaban ilaalchisee yaadni dogoggoora ta'e isa kami?

A. Barachuuf gargaarsa muraasa barbaadu

B. Fedhiin isaanii gareen hojjechuuf qaban daran ol'aanaadha

C. Gocha tokko saffisaa ol'aanaan raawwachuu danda'u

D. Waan haaraa qorachuu fi odeeffannoo argachuuf si'aayina qabu

_____ 135. Kanneen armaan gadii keessaa sababa kennaa addaa fi dandeettii olaanaa kan ta'e
kami?

A. Dhaal-sanyii

B. Wal-simannaa dhaal-sanyii fi naannoo

C. Haala naannoo

D. Hunduu deebii dha

_____ 136. Akka Addunyaatti yeroo jalqabaaf gosoota miidhama qaamaa keessaa tajaajila
argachuu kan eegalan warra kami?

A. Daa'imman miidhama dhageettii qaban

B. Daa'imman miidhama qaroo qaban

C. Daa'imman sal'eessa sammuu qaban

D. Daa'imman otiizimii qaban

_____ 137. Filannoowwan armaan gadiitti dhiyaatan keessaa daa'imman rakkoo amalaa fi
currisaa qaban sakatta'uuf kan gargaaru isa kami?

A. Laabiraatoorii

B. Gaaffii qomaa

C. Gaaffiiwwan kallattii

D. Madaaltoo ramaddii

_____ 138. Kanneen armaan gadii keessaa amaloota daa'imman miidhama dhageettii qaban
irraa **hin** mul'anne kami?

A. Carraa namaaf kennuu

B. Namni maal naa jedhaaf hin dhiphatan

C. Akka fedhan ta'u

D. Of-caalchisuu fi ofittummaa qabu

_____ 139. Kanneen armaan gadii keessaa kayyoo Barnoota Fedhii Addaa kan **hin** taane
kami?

A. Barnootaaf naannoo mijataa fi hawwataa uumuu

B. Kuufama dandeettii hojiirra oolchuu

C. Carraa barnootaa babal'isuuf gahee kan hin qabne ta'uu

D. Beekumsa, ogummaa fi dandeettii cimsuu

_____ 140. Kanneen armaan gadii keessaa Bara durii (Bara duursa seenaa) namoota
miidhama qaamaa qaban irratti gochi hin raawwatamne isa kami?

A. Ajeessuu

B. Bosona ykn qileetti gatuu

C. Lubuun akka jiratan deeggaruu

D. Ija duraa maqsuu

_____ 141. Daa'imman Sal'eessa Sammuu salphaa qaban _____ jedhamu.

A. Kan baratan

B. Kan leenj'an

C. Deegarsa addaan hincine warra barbaadan

D. Kennaa addaa warra qaban

_____ 142. Kanneen armaan gadii keessaa **dhugaa** kan **hin** taane kami?

A. Safarri 'dB'n yeroo dabalaa deemuu miidhamni dhageettii dabalaa deemaa

B. Meeshaan sadarkaa dhageettii gurraa safaruuf gargaaru Odiiyoo Meetirii jedhama

C. Miidhamni dhageettii osoo afaan hin hiikiin ga'u Af-booddee jedhama

- D. Dibbeen gurraa sagaleen alaa dhufu murteessuuf fayyada
- _____ 143. Kanneen armaan gadii keessaa Daa'imman Sal'eessa Sammuu Dawoon Sindiroomii qaban irraa kan mul'atu kami?
- A. Dhiphina keessa afaanii
- B. Fuula geengoo fi rifeensa luuccaa
- C. Jifuuwwan baay'ee gaggabaaboo
- D. Hunduu deebii dha

Peedaagoojii BLAG

- _____ 144 Barsiisaa **Caalaan** barattoonni ija laafan waan argeef mala baruu barsiisuu guyyaa duraa fayyadame jijjiiree barsiisuu barbaade. Rakkoo kana xiqqeessuuf barsiisaan kun mala isa kami yoo fayyadame gaarii ta'a?
- A. Mala marii nam-lamee
- B. Mala piroojektii
- C. Daawwannaa dirree
- D. Mala od-ibsaa
- _____ 145. Mata duree “ **bulchiinsa Paarlamaa** ” jedhu barsiisuuf jijjiirama amalaa barattoota irratti fiduuf yoo barbaadame mata duree kanaaf kayyoon barannoo guyyaa ilaalchisee dogoggora kan ta'e isa kami? Dhuma barannoo kanaatti barattoonni:
- A. Hiika bulchiinsa paarlamaa kennuu danda'u.
- B. Amaloota bulchiinsa paarlamaa ibsuu danda'u.
- C. Biyyoota bulchiinsa pirezidaantawaa qaban tarreessu
- D. Biyyoota bulchiinsa paarlamaa qaban tarreessuu
- _____ 146. Qophii qorumsa daree keessatti gaaffilee filannoo ilaalchisee dogoggora kan ta'e kami?
- A. Qabiyyee baldhaa uuwwisuu danda'a
- B. Qopheessuuf yeroo xiqqaa ta'e barbaada
- C. Gosa barnoota hundaaf mijataadha
- D. Beekumsa salphaa fi cimaa safaruuf fayyada
- _____ 147. Sirnoota darban keessa Itoophiyaatti, walqixxummaan koorniyaa kabaja dhabuu irraan kan ka'e miidhaan dubartoota irra gahaa ture isa kami?
- A. Dubartoonni hirkattummaaf saaxilamoo ta'uu
- B. Dubartoonni mirga qabeenyaa dabarsuu dhabuu
- C. Dubartoonni warra dhiirotaa waliin mirga walqixa dhabuu
- D. Hunduu deebii dha.

_____ 148. Waa'ee qaama "seera hiikuu" barsiisuuf barattoonni qaama kami yoo daawwatan
bu'a qabeessa ta'uu danda'u?

- | | |
|-------------------------------|-----------------------------------|
| A. Waajjira barnoota aanaa | C. Waajjira Eegumsa fayyaa aanaa. |
| B. Waajjira Mana murtii aanaa | D. Waajjira bulchiinsa aanaa |

_____ 149. Jijjirama hawwame barattootarratti fiduuf carraaqqiin godhamu maali agarsiisa?

- | | |
|-----------------------|------------------------|
| A. Karoora barnootaa | C. Kaayyoo barnootaa |
| B. Qabiyyee Barnootaa | D. Meeshalee deggarsaa |

_____ 150. Kanneen armaan gadii keessaa sirna barnootaa waliin hariiroo kan **hinqabne** isa kami?

- | | |
|------------------------|-------------------|
| A. Kitaaba barataa | C. Silabasii |
| B. Qajeelcha barsiisaa | D. Deebii hinqabu |

_____ 151. Mala baruu-barsiisuu barataa giddugaleeffate yaadni jedhu caalmaatti maali of-
keessatti hammata?

- A. Barsiisaa kan hinhimaachisne ta'uu isaa
- B. Barataa gofaa kan hirmaachisu ta'uu isaa
- C. Irra caalaatti barataa kan hirmaachisu ta'uu
- D. Barsiisaa fi barataa walqixa kan hirmaachisu ta'uu isaa.

_____ 152. Ati akka barsiisaa barnoota Siiviksii fi Itiksii tokkootti, waa'ee "dabaree seenaa"
qabatamaan barsiisuu yoo barbaade mala isa kamitu irra caalaatti fayyidaa qaba jettee
amanta?

- | | |
|--------------------|---------------------------|
| A. Mala diraamaa | C. Mala gaaffii fi deebii |
| B. Mala Daawwannaa | D. Mala marii garee |

_____ 153. Haala qophii karoora guyyaa keessatti barattoota irratti jijjiirama amalaa fiduu danda'a
jedhamee kan baay'ee hineegamne isa kami?

- | | |
|---------------------------|-----------------------|
| A. Kayyoo barannoo guyyaa | C. Gochoota barataa |
| B. Unka karoora guyyaa | D. Gochoota barsiisaa |

_____ 154. Qabiyyee banoota siiviksii fi Etiksii kutaa 8^{ffaa} armaan gadii keessaa wayitii tokkootti
xumuruuf rakkisaa kan hintaane isa kami?

- | | |
|------------------------------|---------------------------|
| A. Qajeelfama diimookiraasii | C. Ijaarsa diimookiraasii |
| B. Jaalala biyyaa | D. Walqixxummaa |

_____ 155. Barsiisaa Fedhasaan barattoota isaa dareetii alatti Obbo Waaqtolaa bira geessuun akkaataa isaan cimanii hojjechuun yeroo gabaabaa keessatti hiyyummaa keessaa bahan muuxannoo isaanii akka hiraniif taasisan. Mata dureen irra caalaa mala kana waliin deemu kami?

- A. Beekumsa fedhuu
- B. Ittigaafatamummaa
- C. Hirmaannaa ummataa
- D. Of danda'uu

_____ 156. Barsiisaan Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii mata duree waa'ee **hirmaannaa hawaasaa** barsiisu tokko mala armaan gadii keessaa kamitti yoo fayyadame mijataa ta'a?

- A. Ummata biqiltuu dhaabu waliin hirmaachisuu
- B. Siidaawwan daawwachiisuu
- C. Namoota seenaa durii beekan affeeruun ibsa akka kennaniif taasisuu.
- D. Bakkeewwan Paarkiiwwanii geessuun bineensota daawwachiisuu

_____ 157. Ati akka barsiisaa Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii tokkootti waa'ee **hambaalee seenaa kunuunsuu** kan barsiiftu yoo ta'e malleen armaan gadii keessaa kamitti yoofayyadamte irra mijataa ta'a?

- A. Od ibsa
- B. Barattoota mana baankiitti erguun muuxannoo akka argatan taasisuu.
- C. Dhaddacha mana murtii daawwachiisuu
- D. Masara mootummoota durii daawwachiisuu

_____ 158. Mata duree waa'ee **hirmaanna siyaasaa** waliin kan deemu kami?

- A. Adeemsa filannoo akka shaakalan taasisuu
- B. Adeemsa paarlaamaa akka shaakalan taasisuu
- C. Tajaajila biiroo akka shaakalan taasisuu
- D. Hundi deebiidha

_____ 159. Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii keessatti mata duree tokko yeroo barsiiftu malli baruu barsiisuu ati filattu maal ilaalcha keessa galchuu qaba?

- A. Qabiyyee
- B. Barattoota
- C. Kaayyoo
- D. Hunda

_____ 160. Adeemsa baruu barsiisuu keessatti gaaffii **Maalan barsiisa?** jedhuuf deebii kan ta'uu danda'u kami?

- A. Qabiyyee
- B. Kaayyoo
- C. Meeshaa deeggarsa barnootaa
- D. Madaallii

_____ 161. Jechoota armaan gadii keessaa yeroo karoora barannoo yookiin wayitii qopheeffattu jechi kaayyoo ibsuuf itti hinfayyadamne kami?

A. ni barreessu

B. ni baru

C. ni himu

D. ni hojjetu

_____ 162. Barnoota ati barattootakeef kennitu qabatamaa taasisuu keessatti gahee inni qabu xiqqaa kan ta'e kami?

A. Meeshaalee deeggarsa barnootaa

C. Kaayyoo barnootaa

B. Guca karoora ati fayyadamtu

D. Mala baruu barsiisuu filattu

_____ 163. Fiixaan bahinsa barannoo guyyaa yookiin wayitii mirkaneeffachuuf kan nugargaaru kami?

A. Mata duree B. Kaayyoo C. Mala baruu barsiisuu D. Iyyaafannaa

_____ 164. Kanneen armaan gadii keessaa tokko mala si'aayinaan barachuu jalatti hinramadamu?

A. Mala falmii

C. Mala walbarsiisuu hiriyyootaa

B. Mala gahee taphachuu

D. Deebiihinqabu

Peedagoojii Seenaa

_____ 165. Kanneen armaan gadii keessaa dirqama barreessaa seenaa kan ta'e kami?

A. Ragaa waa'ee barreessuu argachuu qaba

B. Dhiibbaa qaama biraa irraa bilisa ta'uu

C. Ragaa dhimma qorannoo isaa walbira qabee madaluu

D. Hundinuu Deebiidha

_____ 166. Qorannoon Seenaa Itoophiyaa jaarraa 17ffaa akka gosa barnoota tokkotti Awurooppaa keessatti akka eegaluu guddaa kan qabu eenyu?

A. Herodotas B. Job Ludolf C. Garbaldii C. Raankee

_____ 167. Adeemsa qophii qormaataa ilaalchisee kamtuu dogoggora?

A. Qajeelfamni ifa ta'e jiraachuu qaba.

B. Bakki deebii qopha'uu qaba.

C. Barnoota kan fooyyessu ta'uu qaba

D. Jechoonni deebii tilmaaman jiraachuu qabu

_____ 168. Hiika seenaa dogoggoraa kan ta'e kami?

A. Seenaan barnoota waa'ee moototaa qofa qoratudha.

B. Seenaan oduu duriidha.

C. Seenaan barreeffama akka salphaatti barreeffamudha

D. Hundinuu Deebiidha

- ___ 169. Barreessan seenaa maaliif dhugooma seenaa jallisuu danda'a?
A. Dandeettii C. Dhiibbaa qaama biraa
B. Ilaalcha D. Hundinuu Deebiidha
- ___ 170. Malli bakka '**Ambaalee Seenaa**' barsiisuf caalaatti itti fayyadamnu kami?
A. Marii garee C. Mala diraamessuu
B. Mala falmii D. Male daawwii dirree
- ___ 171. Kanneen armaan gadii keessaa **qajeelchi barsiisaa** kam keessatti ramadama?
A. Meeshaa agaree C. Meeshaa dhageettii
B. Meeshaa maddaa D. Meeshaa deeggersaa
- ___ 172. Kanneen armaan gadii keessaa Kamtuu **barataa** hin hirmaachisu?
A. Si'aayinaan barachuu C. Qophii karoora barnootaa
B. Oomishaa Meeshaa deeggersa barnootaa D. Mala Marii Garee
- ___ 173. Adeemsa baruu fi barsiisuu keessaatti murtoo xumuraa kennun;-
A. Iyyaafanno C. Madaallii
B. Kaayyoo barnootaa D. Meeshaalee deeggarsaa
- ___ 174. Malli baruu-bariisuu barsiisadhaan irraa caalaatti dhuunfatamu kami?
A. Male falmii B. Male marii garee C. Mala Od-ibsaa D. Dawwii Dirree
- ___ 175. Kanneen armaan gadii keessaa galmeen seenaa dhuunfaa kam keessatti ramadama?
A. Meeshaa agaree C. Agare-dhageetti
B. Meeshaa dabalataa D. Meeshaalee Maddaa
- ___ 176. Tokko qaama karoora barannoo wayitii keessatti hin ramadamu?
A. Qabiyyee B. Kaayyoo Gooree C. Kaayyoo Gooroo D. Iyyaafannoo
- ___ 177. Qabxiin kufaatii %50 gadi, kan darbuu immoo %50 ol. kun:
A. Madaallii (Iyyaafannaa) ulaagaa irratti hundaa'e
B. Madaalli (Iyyaafannaa) qabxii barataa waliin madaluu irratti hunda'ee
C. Madaalli hunda galeessa
D. Deebiin hin kennamne
- ___ 178. Mala baruu- bariisuu barsiisaan osoo ibsa kennuu gidduutti barattoota hirmaachisu;
A. Mala falmii B. Mala marii garee C. Od-ibsaa danga'aa D. Hunda

_____ 179. Qophii karoora barnootaa keessatti gaaffiin maaltuu baratama jedhu maal ibsa?

- A. Kaaayyoo
- C. Mala baruu barsiisuu
- B. Qabiyyee
- D. Meeshalee Deeggersa Barnootaa

_____ 180. Faayidaa Iyyaafannoo kan hin taane kami?

- A. Barachuu barattootaa irratti duub-deebii argachuuf
- B. Rakkoolee baruu fi barsiisuu keessatti mul'atan adda baasuun fooyyessuuf
- C. Barachuu barattootaa gargaaruuf
- D. Barachuu barattootaa irratti Murtii dhumaa kennuuf

Peedagoojii SNE

_____ 181. Maloota armaan gadii keessaa tokko carraa barnoota fi ogummaa sirna
barnootaan alaa gonfachiisuuf gargaara.

- A. Barnoota gabbisuu
- B. Barnoota saffisisuu
- C. Barnoota wal simsiisuu
- D. Hunduu deebii dha

_____ 182. Galma leenjiin daa'imman sal'eessaa sammuu cimaa fi halaan cimaa qabani kan
hin ta'e kami?

- A. Hirkattummaa isaanii xiqqeessuu
- B. Ofdandesisiisuun hirkattummaa jalaa baasuu
- C. Hubannoo naannoo isaanii qaban dabaluu
- D. Ogummaalee qunnamtii isaanii dabaluu

_____ 183. Amalaa fi dandeettii barsiisaan daa'imman kennaa addaa fi dandeettii ol'aanaa
qaban barsiisuu kan **hin** taane isa kami?

- A. Malleen baruu fi barsiisuu muraasa qofa kan fayyadamu
- B. Saayinsii fi aartii barsiisuutiin ogeessa leenji'e ta'uu qaba
- C. Hanqinaa fi cimina barattoota isaa kan hubachuu danda'u
- D. Yaada rakkisoo isaan dhiyeessaniif kan hin jibbine

_____ 184. Kanneen armaan gadii keessaa barattoota qaroo dhabeeyyii barsiisuuf
meeshaaleen barnootaaf barbaachisan kan **hin** taane kami?

- A. Isleetii, Istaayilasii fi qaruuraa guddiftuu

- B. Abaakasi, ulee adii, Imboosera fi gabatee bireelii
- C. Meeshaalee Ooptikaalii fi kitaabilee barreeffama gurguddaa
- D. Kitaaba halluun maxxanfamee

_____ 185. Barattoota miidhama dhageettii guutummaan guutuu qaban barsiisuuf kan hinfayyadne kami?

- A. Sochii hidhii
- B. Sagalee guddaa, ifaa fi qulqulluutti fayyadamuu
- C. Sochii qaamaa
- D. Aflaattoo

_____ 186. Kanneen armaan gadii keessaa barattoota rakkoo amalaa fi currisaa qaban barsiisuu keessatti barsiisaa irraa waantti hineegamne kami?

- A. Amala fi currisa barattoota sirriiti hubachuu fi deegaruu.
- B. Darbee darbee rakkoo barattootaa beekuun too'achuu.
- C. Deeggarsi barattootaaf kennuu qabu beekuun deegaruu.
- D. Sadarkaa barattoota irraa maal akka eegamu beekuun hordofuu

_____ 187. Daa'imman miidhama qaroo qaban barsiisuuf barsiisonni dandeettii qabachuu qaban:

- A. Dandeettii gorsaa
- B. Dandeettii madaallii
- C. Dandeettii sochii fi beekumsa naannoo barsiisuu
- D. Hundi deebii dha

_____ 188. Adeemsa baruu-barsiisuu barattoota miidhama dhageettii guutummaa guutuu qaban barsiisuuf tooftaa fayyadamnu kan ta'e kami?

- A. Daree keessatti nama Aflaattoo sirriitti dubbisuu fi hiikuu danda'u fayyadamuu
- B. Barreeffama gabatee gurraachaatti fayyadamuun barsiisuuf yaaluu
- C. Barsiisaan ennaa barsiisu barattootatti garagaluun Aflaattoo fi sochii hidhiin barsiisuu
- D. Hunduu deebiidha

_____ 189. Tarsiimoowwan barsiisaan Barnoota Fedhii Addaa tokko daa'imman sal'eessaa sammuu qaban barsiisuuf itti fayyadamuu qabu keessaa kan hin taane kami?

- A. Gocha adda adda baasuu

B. Gocha wal-xaxaa irraa gara salphaati adeemuu

C. Gocha irra deddebi'uu

D. Gocha adeemsan barsiisuu

_____ 190. Kanneen armaan gadii keessaa meeshaa Bireeliin itti barreeffamu isa kami?

A. Qaruuraan

B. Istaaayilasii, Isileetii fi waraqaa Bireeliin

C. Abaakasiin

D. Keenii

_____ 191. Daa'imman qaro-dhabeeyyiif leenjii fi barnoota sochii naannoo keessatti wantoonni hubatamu fi beekamuu qaban keessatti kan ramadamu kami?

A. Guddina sochii fi dandeettii sochii

B. Guddina yaad-rimee

C. Dandeettii mirootaa

D. Hundi deebii dha

_____ 192. Barsiisaan barattoota rakkoo amalaa qaban yeroo barsiisuu qabxiiwwan hordofuu qabu keessaa kan ta'e kami?

A. Amala gaarii barsiisuu fi guyyaa guyyaan shaakalsiisuu

B. Amala gaarii ta'aniif gochaalee tokko tokko akka onnachiiftuutti fayyadamuu

C. Amala fakkeenya gaarii ta'uu malan adda baasuun dinqisiifachuu

D. Hunduu deebii dha

_____ 193. Adeemsa baruu- barsiisuu daa'imman miidhama dhageettii gar-tokkee qabaniif malleen bu'a qabeessa ta'uu **hin** dandeenye isa kami?

A. Jechootaa fi himoota sasalphaatti fayyadamuu

B. Mallattoo qaamaa fi fakkiiwwan garaagaraatti fayyadamuu

C. Barnoota Bireeliif dursa keennuu

D. Haala ifaa ta'ee fi sagalee guddaadhaan dubbachuu

_____ 194. Adeemsa baruu barsiisuu daa'imman kennaa addaa fi dandeettii ol'aanaa qabanii keessatti qabxiin xiyyeeffatamuu qabu kami?

A. Barattoota umriin walgitan waliin wal-mari'achiisuu fi dorgomsiisuu

B. Wantoota kalaqaaf fakeenya ta'an irratti xiyyeeffachuu

C. Fedhii fi dandeettii barataa giddu - galeessa godhachuun barsiisuu

D. Hundi deebii dha

_____ 195. Barsiisaan barattoota miidhama dhageettii qaban yeroo barsiisuu wantoota
raawwachuu **hin** qabne keessaa kan ta'e kami?

A. Af-laattoo fayyadamuu

B. Meeshaalee deeggarsa barnootaa fayyadamuu

C. Gabatee gurraacha fayyadamuu dhiisuu

D. Wal-qunnamtii guutuu fayyadamuu

_____ 196. Barattoota kennaa addaa fi dandeettii ol'aanaa qaban barsiisuuf malli fayyadu
kami?

A. Keessummaa affeeruu

B. Irra deddebiin barsiisuu

C. Gochaan agarsiisuu

D. Dowwii gaggeessuu

_____ 197. Meeshaalee kutaa leecaalloo keessa jiran dursanii beekanii itti fayyadamuun maaliif gargaara?

A. Barnoota hubatamaa fi qabatamaa taasisuuf

B. Akkaataa ittiin fayyadamnu beekuuf

C. Balaa geessisan irraa of eeguuf

D. Haalaan itti fayyadamuu fi kan hin jirree guutuuf

_____ 198. Barattoota miidhama dhageetti fi miidhama qaroo barsiisuuf mala itti fayyadamnu kan ta'e
kami?

A. Tuttuquun barsiisuu

B. Sagalee dhageessisuun barsiisuu

C. Agarsiisuun barsiisuu

D. Hunduu deebii dha

_____ 199. Adeemsa baruu- barsiisuu keessatti barsiisaan Barnoota Fedhii Addaa tokko barattoota
miidhama qaamaaf fedhii addaa qaban yoo barsiisuu beekuun kan irra **hin** eegamne:

A. Amaloota isaanii beekuu

B. Madda miidhama isaanii beekuu

C. Gosoota miidhama isaanii beekuu

D. Deebii hin qabu

_____200. Adeemsa baruu- barsiisuu daa'imman miidhama qaroo gar-tokkee qabaniif malleen
bu'a qabeessa ta'uu hin dandeenye isa kami?

- A. Daree ifa gahaa qabu keessatti barsiisu
- B. Hamma barreeffama gurguddaa ta'etti fayyadamuu
- C. Aflaattoon akka baratan jajjabeessuu
- D. Itti fayyadama haftee qarootti akka fayyadaman jajjabeessu

Deebii BLAG, Seenaa fi BFA

Deebii BLAG		Deebii Seenaa		Deebii BFA		Deebii Peedaa BLAG		Deebii Peedaa Seenaa		Deebii Peedaa BFA	
Lakk	Deebii	Lakk	Deebii	Lakk	Deebii	Lakk	Deebii	Lakk	Deebii	Lakk	Deebii
1	B	46	A	97	C	144	A	165	D	181	
2	C	47	D	98	B	145	C	166	B	182	
3	D	48	B	99	C	146	B	167	D	183	
4	C	49	D	100	B	147	D	168	D	184	
5	A	50	C	101	A	148	B	169	D	185	
6	B	51	D	102	C	149	C	170	D	186	
7	C	52	A	103	B	150	D	171	B	187	
8	B	53	D	104	B	151	C	172	C	188	
9	A	54	C	105	A	152	B	173	C	189	
10	D	55	A	106	B	153	B	174	C	190	
11	D	56	C	107	C	154	A	175	B	191	
12	B	57	D	108	C	155	D	176	C	192	
13	C	58	D	109	B	156	A	177	A	193	
14	D	59	A	110	A	157	D	178	C	194	
15	D	60	D	111	D	158	D	179	B	195	
16	C	61	C	112	D	159	D	180	D	196	
17	A	62	A	113	B	160	A			197	
18	B	63	A	114	A	161	B			198	
19	A	64	D	115	C	162	B			199	
20	C	65	D	116	C	163	D			200	
21	A	66	D	117	D	164	D				
22	A	67	C	118	D						
23	D	68	C	119	A						
24	C	69	C	120	C						
25	B	70	C	121	D						
26	B	71	C	122	D						
27	B	72	C	123	C						
28	A	73	D	124	B						
29	A	74	B	125	A						
30	C	75	B	126	C						
31	A	76	D	127	C						
32	D	77	D	128	D						

Gaaffilee Shaakalaa Mirkaneessa Gahuumsa Ogummaa Barsiisummaa Barsiisotaa KBB Bara 2012 irra
deebi'anii qoramaniif Qophaa'e

33	D	78	D	129	A						
34	C	79	C	130	D						
35	D	80	B	131	C						
36	C	81	D	132	A						
37	B	82	A	133	B						
38	D	83	B	134	B						
39	C	84	D	135	D						
40	A	85	A	136	B						
41	C	86	A	137	A						
42	C	87	D	138	A						
43	D	88	D	139	C						
44	D	89	A	140	C						
45	D	90	B	141	A						
		91	B	142	C						
		92	D	143	D						
		93	A								
		94	C								
		95	C								
		96	A								